STAY SAFE MN

Daa’ima Keessan COVID-19 irraa eegaa

Daa’ima keessan nagaa fi fayyaatti eeguuf waan dandeessan mara ni gootu. Daa’ima keessan talaallii COVID-19 talaalchisuun karaa daa’ima keessan nagaatti eegdan keessaa isa tokko. Talaalliin COVID-19 yeroo ammaatti daa’imman baatii 6 fi isaa oliif ni eyyamama. Daa’ima keessan talaalchisuun mana barnootaa, kunuunsa daa’immanii, akkasumas sochiiwwan biroo keessatti akka isaan nagaa ta’aniif fayyada.

- Talaalliiwwan COVID-19 hundinuu nageenya qabu. Negeenyi talaallichaa baay’ee barbaachisaadha. Talaalliiwwan kun sirriitti kan qoratamanii fi daa’immanii fi oladeemtotaaf kennamuun dura nagaa qabaachuun isaa sirriitti mirkanaa’eera.
- Daa’imman dhukkuba COVID-19 n hedduu dhukubsachuu ni malu. Talaalliiwwan kunneenis daa’imman sababa COVID-19 n hedduu akka hin dhukkubsanne yokiin hospitaala akka hin seenne ni gargaaru.
- Erga talaallii fudhateen booda daa’imni keessan dhukkubbii cinaa (side effect) qabaachuu ni mala, kun immoo qaamni daa’imaa vaayireesicha irratti ittisa alagaa cimsachuu isaa argisiisa malee yaaddoo biraa hin qabu. Dhukkubbii cinaa (side effect) yoo hin qabaannes GAARIIdha. Akka odeeffannoowwan agarsiisanitti, daa’imman wagga 5-11 gidduu jiran kanneen biroo/dargaggootaa fi ga’eessota waliin yoo madaalaman dhukkubbii dalgee xiqqootu isaan mudata..
- Kana dura COVID-19 n qabamanii kan beekan yoo ta’ellee eegumsa dabalataa waan isaaniif ta’uuf daa’imman keessan talaalchisuun gaariidha.
- Talaalliin COVID-19 kaffaltii irraa bilisa, talaallicha fudhachuuf immoo inshuraansii fayyaa qabaachuun dirqama miti.
- Talaalliin COVID-19 maseenummaa hin fidu.

Daa’ima keessan akkamiin talaalchisuu akka dandeessan

- Waa’ee beellamootaaf kiliniika daa’imaa yookiin maatii keessanii ilaalaa.
- Teessoo kana mn.gov/vaxforkids daawwachuun dukkaanota qorichaa fi dhiheessitoota argachuu fi qunnamuu dandeessu, kunis kanneen armaan gadii dabalata:
    - ◊ Buufataalee fayyaa maatii fi daa’immanii, dhiheessitoota tajaajila fayyaa sadarkaa jalqabaa, wiirtuuwwan fayyaa mootummaa federaalaan eyyama argatan, ejensiiwwan fayyaa naannoo kan uummataa, ejensiiwwan fayyaa kan gosaa(tribal), wiirtuuwwan hawaasaa fi kilinikoota, akkasumas wiirtuuwwan tajaajila fayyaa Indiyaanotaa.
- Naannoo keessanitti wiirtuuwwan tajaajila fayyaa talaallii mana barnootaa fi wiirtuuwwan hawaasaatiif dhihaatan ilaalaa.

Talaalliiwwan jiran

Talaalliiwwan COVID-19 lamatujira: Pfizer fi Moderna. CDC n talaalliin inni tokko isa kaan ni caala jedhee yaada hin laatu. Talaalliiwwan hundinuu oladeemtotni COVID-19 n akka hin dhukkubsanne ni eegu. Wiirtuuwwan talaallii hundinuu gosoota talaallii hunda of biraa qabaachuu dhiisuu malu. Waanti hedduu barbaachisaan carraa daa’ima keessan talaalchisuu argattan hin balleessiinaa.

Hangaa (doozii) fi yeroo dooziiwwan talaallii COVID-19 gidduu jiru.

- Talaallii fi hangi talaallii daa'imni fudhachuu qabuu umurii daa'ima keessanii irratti hunda'a.
- Daa'imman baatii 6 hanga wagga 11 tti jiran kanneen kanarra buuleyyii waliin yeroo madaalamu hangaan xiqqaadha. Hangi doozii talaallii kan murtaa'u umurii daa'imaan malee guddina qaama daa'imaatiin miti.
- Marsaa talaallii isaanii jalqabaa keessatti daa'imman gosa talaallii wal fakkaataa fudhachuu qabu. Talaalliin marsaa jalqabaa jechuun hanga doozii talaallii nama tokkoof barbaachisu jechuudha. Kunis guddistuu talaallii (booster) hin dabalatu.
- Eegumsa ol'aanaa argachuuf hanga talaallii ajajame hunda fudhachuun hedduu barbaachisaadha. Daa'imman wagga 5 fi isaa olii talaallii Pfizer kan fudhatan taanaan doozii tumsituu talaallii fudhachuun dirqama. Yeroo kanatti daa'imman talaallii Moderna fudhatan guddistuu talaallii akka fudhatan hin jajjabeeffamu.



Dhiheessaan kunuunsa fayyaa daa'ima keessanii yeroo doozii talaallii jalqabaa fudhattanitti odeeffannoo dabalataa fi dooziiwwan ajajaman hundumaaf beellama qabsiisuutti isin gargaaru.

Daa'imman ittisa farra alagaa dadhabaa qaban (ittisni farra alagaa isaanii rakkoo qabu) ajaja talaallii addaa qabu. Guddistoonnii fi maatiin daa'imaa dhiheessaa kunuunsa tajaajila fayyaa daa'ima isaanii dubbisuu ykn mari'achuu qabu.

Hanga talaallii ilaachisee odeeffannoo dabalataaf, CDC: ilaalaa Beellama Talaallii COVID-19-At-A-Glance (www.cdc.gov/vaccines/covid-19/downloads/covid-19-vacc-schedule-at-a-glance-508.pdf) talaalliiwwan COVID-19 gosa talaallii fi umurii irratti hundaa'ee ajajamu baruuf.

MINNESOTA mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

7/22/2022